WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 16ffaa ...... Lak. 11/2000
፲፮ኛ ዓመት ...... ቁጥር ፲፩/፪ሺ
16th year ......... № 11/2008

Finfinnee, Adoolessa 12 Bara 2000
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፲፪ ቀን ፪ሺ ዓ.ም
Finfine, July 19, 2008

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| Gatiin Tokko ......................<br>ያንዱ ዋጋ ..........................<br>Unit Price ........................ | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000<br>የፖ.ሣ.ቁጥር ..........<br>P.O.Box ................. |
|---|---|---|

QABIYYEE

**Labsii Lak. 142/ 2000**

Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahe.............Fuula 1

ማውጫ

**አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺ**

የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ......................... ገጽ ፩

CONTENT

**Proclamation No. 142/2008**

A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Council ................ Page 1

## Labsii Lak. 142/2000

### Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahe

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa qaama bulchiinsaa ol'aanaa manneen murtii naannichaa waan ta'eef imaammata, tarsiimoofi kallattiiwwan waliigalaa qaamni abbaa seerummaa naannichaa ittiin gaggeeffamu diriirsuurratti shoora murteessaa kan taphatu ta'uu isaa hubachuudhaan qaama kana kallattii hundaanuu cimsuun waan barbaachiseef;

Bulchiinsa abbootii seeraatiin wal qabatee gumiin qaama ol'aanaa Heeraan aangoon bal'aan kennameef ta'uusaa ilaaluun, dirqama kallattii kanaan jiru haala bu'aa qabeessa ta'een bahuu akka danda'u aangoofi gahee hojii gumii keessa deebi'anii murteessuun waan barbaachiseef;

## አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺ

### የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ

የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ የክልሉ ፍ/ቤቶች የበላይ አስተዳደር አካል በመሆኑ የክልሉ የዳኝነት አካል የሚመራበትን ፖሊሲ፣ እስትራቴጂ እና አጠቃላይ አቅጣጫ ከመዘርጋት አንፃር ትልቅ ሚና የሚጫወት መሆኑን በመገንዘብ ይህን አካል በሁሉም አቅጣጫ ማጠናከሩ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ከዳኞች አስተዳደር በተያያዘ ጉባኤው በሕገ መንግሥት ሰፊ ስልጣን የተሰጠው ከፍተኛ አካል መሆኑን በማየት ከዚህ አንፃር የተጣለበትን ግዴታ ውጤታማ በሆነ መልኩ መወጣት እንዲችል የጉባኤውን ስልጣን እና የስራ ድርሻ እንደገና መወሰን በማስፈለጉ፣

## Proclamation No. 142/2008

### A Proclamation for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Council

**RECOGNIZING**, that the Judicial Administration Council of Oromia as the highest organ with respect to judicial administration of the region's courts plays a determinant role in formulating policy, strategy and and general direction of the state judiciary; and to strengthen it in all respects;

**REALIZING**, that the Council is constitutionally entrusted with significant authority on issues related with administration of judges and that this requires the re-definition of its powers and responsibilities;

Bilisummaafi itti-gaafatamummaa manneen murtii naannichaa qixa madaalawaa ta'een gaggeessuu akka danda'u Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa aangessuufi gurmaawina isaatis keessa deebi'anii seeraan murteessuun barbaachisaa ta'ee waan mul'ateef;

Dhimmi naamusaa qoratamuufis ta'e murtii argachuuf adeemsa dheeraa keessa waan darbuuf murtiin gumiidhaan kennamu hawwaasa mana murtii barsiisuufi amantaa uummataa horachuu keessatti shoora taphachuu qabu akka hin bahin hubachuudhaan adeemsa bulchiinsa dhimma naamusaa si'aawaa, dhaqqabamaafi bu'aa qabeessa taasisuun murteessaa waan ta'eef;

Bulchiinsa manneen murtii keessatti jijjiirama bu'uuraa fiduudhaaf adeemsa hojii gumii bifa haaraan gurmeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uura Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lak. 46/1994, Keewwata 49(3)(a)tiin Labsiin kun haala armaan gadiitiin labsameera.

## KUTAA TOKKO

### Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun "Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahe Labsii Lak. 142/2000," jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiikaa Jechootaa**

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) "Caffee," jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaatti qaama seera tumu jechuudha.
   2) "Gumii Waliigalaa," jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannoo sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Labsii kanaan dhaabbateedha.
   3) "Garee Gumii," jechuun qaama Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa ta'ee sadarkaa Mana Murtii Waliigalaafi Mana Murtii Ol'aanaatti Labsii kanaan dhaabbateedha.

የዳኞች አስተዳደር ጉባኤ የክልሉን ፍ/ቤቶች የዳኝነት ነፃነት እና ተጠያቂነትን ሚዛናዊ በሆነ መልኩ መምራት እንዲችል ሥልጣኑን እና አደረጃጀቱንም እንደገና በሕግ መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የሥነምግባር ጉዳይ ሲመረመርም ሆነ ሲወሰን ረጅም ሂደት ውስጥ ስለሚያልፍ ጉባኤው የሚሰጠው ውሣኔ የፍ/ቤቱን ማህበረሰብ በማስተማር እና የሕዝብ አመኔታን በማትረፍ ረገድ መወጣት ያለበትን ሚና ያልተወጣ መሆኑን በመገንዘብ፣ የሥነ ምግባር ጉዳይ አስተዳደር ሂደትን ቀልጣፋ፣ ተደራሽ እና ውጤታማ እንዲሆን ማድረግ ወሳኝ በመሆኑ፣

በፍ/ቤቶች አስተዳደር ውስጥ መሠረታዊ ለውጥ ለማምጣት የዳኞች አስተዳደር ጉባኤን የሥራ ሂደት በአዲስ መልክ ማደራጀት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ስለሆነም በ፲፱፻፺፬ ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) መሠረት ይህ አዋጅ እንደሚከተለው ታውጇል።

## ክፍል አንድ

### ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. **አጭር ርዕስ**

   ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺ" ተብሎ ሊጠራ ይችላል።

፪. **የቃላት ትርጓሜ**

   የቃሉ አግባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ:-

   ፩) "ጨፌ" ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕግ አውጪ አካል ማለት ነው።
   ፪) "ጠቅላይ ጉባኤ" ማለት በኦሮሚያ ጠቅላይ ፍ/ቤት ደረጃ በዚህ አዋጅ የተቋቋመ የዳኞች እስተዳደር ጉባኤ ነው።
   ፫) "የጉባኤ ቡድን" ማለት የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ አካል ሆኖ በጠቅላይ ፍ/ቤት እና በከፍተኛ ፍ/ቤት ደረጃ በዚህ አዋጅ የተቋቋመ ነው።

**WHEREAS**, it has been found necessary to empower and restructure the organization of the Judicial Administration Council in such a way that enables it to maintain the balanced independence and accountability of the state judiciary;

**BELIEVING**, that the delay in the investigation or adjudication of disciplinary complaints that has lowered public confidence in the courts and hindered the judicial community to take lessons from disciplinary measures taken promptly should be re-invigorated radically in such a way that an efficient, accessible and effective disciplinary process is in place;

**WHEREAS**, it has been found necessary to re-organize the work process of the Council with a view to brining about radical improvement in the judicial administration of the region's courts;

**NOW, THEREFORE**, in accordance with Article 49 (3)(a) of the 2001 Revised Constitution of National Regional State of Oromia, it is hereby proclaimed as follows.

## PART ONE

### GENERAL PROVISIONS

1. **Short Title**

   This proclamation may be cited as "the Proclamation to Provide for the Re-establishment of Oromia Judicial Administration Council Proclamation No.142/2008".

2. **Definition**

   In this Proclamation unless the context demands otherwise:

   1) "Caffee," shall mean the legislative organ of Oromia National Regional State.
   2) "Supreme Commission," shall mean the Judicial Administration Commission of the region established at the Supreme Court of Oromia by this Proclamation.
   3) "Adjudicatory Team," shall mean the organ of the Judicial Administration Commission established at the Supreme Court and the Zonal High Court in accordance with this Proclamation.

4) "Garee Inispeekshinii," jechuun qaama Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa ta'ee sadarkaa Mana Murtii Waliigalaafi Mana Murtii Ol'aanaatti Labsii kanaan dhaabbateedha.

5) "Gaggeessaa Dhimma Naamusaa Aanaa," jechuun Pireezidaantii Mana Murtii Aanaa jechuudha.

6) "Abbaa Seeraa," jechuun akkaataa seeraatti Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naanootiin filatamee Caffeedhaan kan muudameedha.

7) "Kaadhimamaa Abbaa Seeraa," jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraatiin filatamee hanga Caffeedhaan muudamutti ogummaa seeraa irratti ramadame kan hojjetuudha.

8) "Muudamtoota Gumii," jechuun itti gaafatamaa, inispeektara, eksipartii, ofiisara seeraa, gaggeessaa dhimmaa, abbaa adeemsa hojii, qaadii, abukaatoo ittisaafi kanneen biroo gumiidhaan muudamaniifi ramadaman ni dabalata.

9) "Hojjataa Deeggersaa," jechuun hojjataa Mana Murtii Oromiyaa bu'uura seera bulchiinsa hojjattoota mootummaa naannichaatiin qacarame jechuudha.

3. <u>Daangaa Raawwatiinsa Labsii Kanaa</u>

Labsiin kun kanneen armaan gadii irratti raawwatiinsa ni qabaata:

1) Abbootii seeraafi muudamtoota Gumii Manneen Murtii Oromiyaa keessa hojjataniifi himannaan naamusaa utuu isaan irra jiruu hojii kan gadi lakkisan.

2) Hojjattoota deeggarsaa ilaalchisee dhimma naamusa isaanii qorachuu, himachuufi murteessuuf akkaataa Labsii kana keessatti ibsameen Labsiin kun isaan irratii raawwatiinsa ni qabaata.

**KUTAALAMA**

**<u>Hundeeffamaafi Gurmaawina Gumii Bulchiinsa Abbootii Seera Oromiyaa</u>**

4. <u>Hundeeffama</u>

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa (kanaan booda "gumii" jedhamee kan waamamu) haala haaraatiin Labsii kanaan dhaabbateera.

5. <u>Gurmaawina Gumii</u>

Gumiin qaamilee armaan gadii ni qabaata:

(a) Gumii Waliigalaa,

፬) "የኢንስፔክሽን ቡድን" ማለት የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ አካል ሆኖ በጠቅላይ ፍ/ቤት እና በከፍተኛ ፍ/ቤት ደረጃ በዚህ አዋጅ የተቋቋመ ነው።

፭) "የወረዳ ሥነ ምግባር ጉዳይ ኃላፊ" ማለት የወረዳ ፍ/ቤት ፕሬዚዳንት ማለት ነው።

፮) "ዳኛ" ማለት ባለው ሕግ መሠረት በክልሉ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ ተመርጦ በጨፌ የተሾመ ነው።

፯) "ዕጩ ዳኛ" ማለት በዳኞች አስተዳደር ጉባኤ ተመርጦ ጨፌ እስከሾመው በሕግ ሙያ ላይ ተመድቦ የሚሠራ ነው።

፰) "የጉባኤ ተሿሚዎች" ማለት ኃላፊ፣ ኢንስፔክተር፣ ኤክስፐርት፣ የሕግ ኦፊሰር፣ የጉዳይ ኃላፊ፣ የሥራ ሂደት ኃላፊ፣ ቃዲ፣ ተከላካይ ጠበቃ እና ሌሎችንም በጉባኤው የተሾሙና የተመደቡትን ይጨምራል።

፱) "ድጋፍ ሰጪ ሠራተኛ" ማለት በክልሉ የሠራተኞች አስተዳደር ሕግ መሠረት ተቀጥሮ በኦሮሚያ ፍ/ቤት የሚሠራ ነው።

፫. <u>የአዋጁ ተፈፃሚነት</u>

ይህ አዋጅ በሚከተሉት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል።

፩) በኦሮሚያ ፍ/ቤቶች በሚሠሩ ዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎች፣ የሥነ ምግባር ክስ ተመስርቶባቸው ሳለ ሥራ በለቀቁ ዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎች።

፪) የድጋፍ ሰጪ ሠራተኞችን በተመለከተ የሥነምግባር ጉዳይ ለመመርመር፣ ለመክሰስ እና ለመወሰን በዚህ አዋጅ በተመለከተው አኳኋን ተፈፃሚ ይሆንባቸዋል።

**ክፍል ሁለት**

**<u>የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ አቋቋም እና አደረጃጀት</u>**

፬. <u>አቋቋም</u>

የኦሮሚያ ዳኞች አስተዳደር ጉባኤ ከዚህ በኋላ ጉባኤ ተብሎ የሚጠራው በዚህ አዋጅ በአዲስ መልክ ተቋቁሟል።

፭. <u>የጉባኤ አደረጃጀት</u>

ጉባኤው የሚከተሉት አካላት ይኖሩታል

(ሀ) ጠቅላይ ጉባኤ፣

4) "Inspection Team," shall mean the body established at the Supreme Court and Zonal High Courts to investigate disciplinary complaints made against the judicial community of the region's courts in accordance with this Proclamation.

5) "District Courts Disciplinary Process Manager," shall mean the President of a District Court

6) "Judge," shall mean a person who, in accordance with the law, has been nominated by the Regional Judicial Administration Commission and appointed by the 'Caffee'.

7) "Candidate Judge," shall mean a person who, has been nominated by the Regional Judicial Administration Commission to work as a legal expert until appointed by the 'Caffee'.

8) "Appointees of the Council," shall mean head, inspector, expert, legal officer, case manager, process owner, Qadi, defense counsel and others appointed and assigned by the Regional Commission.

9) "Administrative Staff" shall mean any person employed as civil servant in the courts of the region in accordance with civil servants law of the region's government.

3. <u>Scope of Application</u>

This proclamation shall be applicable on the following:-

1) Judges and Appointees of the Commission working in Oromia courts and on those released from the region's courts while disciplinary suit made against them is pending.

2) The provisions of this Proclamation shall be applicable to the administrative staff of the region's courts on matters related to investigating their discipline, charging and adjudication of disciplinary offenses committed by them.

**PART TWO**

**<u>Establishment and Organization Of Judicial Administration Commission of Oromia</u>**

4. <u>Establishment</u>

The Judicial Administration Commission of Oromia National Regional State hereinafter referred to as "the Commission" is hereby re-established by this Proclamation.

5. <u>Organization of the Commission</u>

The Commission shall have the following bodies:-

(a) Supreme Commission,

(b) Garee Gumii Naannoofi Garee Inispeekshinii Naannoo,

(c) Garee Gumii Godinaafi Garee Inispeekshinii Godinaa,

(d) Waajjira Gumii.

**KUTAASADII**

**Gumii Waliigalaa, Garee Gumii Naannoo, Garee Inispeekshinii Naannoofi Waajjira Gumii**

**A. Gumii Waliigalaa**

**6. Miseensota Gumii Waliigalaa**

1) Gumiin waliigalaa miseensota armaan gadii ni qabaata:-

(a) Pireezedaantii Mana Murtii Waliigalaa .............. walitti qabaa,

(b) Itti Aanaa Pireezdaantii Mana Murtii Waliigalaa .. itti aanaa walitti-qabaa,

(c) Miseensota Caffee keessaa hubannoo hojii mana murtii yookiin hubannoo seeraa kan qaban Afyaa'ii Caffeetiin kan bakka buufaman lama ............. miseensa,

(d) Abbootii seeraa lama ... miseensa,

(e) Muudamaa Gumii tokko.. miseensa.

2) Itti gaafatamaan Waajjira Gumii kan sagalee hin qabne barreessaa Gumii Waliigalaa ta'ee ni hojjata.

**7. Ulaagaa Miseensummaafi Akkaataa Miseensonni Gumii Waliigalaa Abbootii Seeraafi Muudamtoota Gumii Keessaa Itti Filataman:**

1) Namni miseensa Gumii Waliigalaa ta'u naamusaafi dandeettii ol'aanaa kan qabuufi dhimma bulchiinsa mana murtii ilaalchisee muuxannoofi hubannoo kan qabu ta'uu qaba;

2) Ulaagaa olitti kaa'ameen madaalee Pireezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa abbootii seeraa keessaa kaadhimamtoota afur, akkasumas muudamtoota Gumii keessaa kaadhimamtoota lama filee walgahii abbootii seeraafi muudamtoota Gumiitiif ni dhiyeessa;

3) Walgahiin kun kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa abbootii seeraa lamaafi muudamaa Gumii tokko sagalee caalmaadhaan ni filata;

(ለ) የክልል ጉባኤ ቡድን እና የክልል ኢንስፔክሽን ቡድን፣

(ሐ) የዞን ጉባኤ ቡድን እና የዞን ኢንስፔክሽን ቡድን፣

(መ) የጉባኤ ጽ/ቤት፤

ክፍል ሦስት

<u>የጠቅላይ ጉባኤ፣ የክልል ጉባኤ ቡድን፣ የክልል ኢንስፔክሽን ቡድን እና የጉባኤ ጽ/ቤት</u>

ሀ. <u>የጠቅላይ ጉባኤ</u>

፮. <u>የጠቅላይ ጉባኤ አባላት</u>

፩) ጠቅላይ ጉባኤው የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡፡

(ሀ) የጠቅላይ ፍ/ቤት ፕሬዚዳንት ... ሰብሣቢ፣

(ለ) የጠቅላይ ፍ/ቤት ም/ፕሬዚዳንት.... ም/ሰብሣቢ

(ሐ) ከጨፌ አባላት መካከል ስለ ፍ/ቤት አሠራር ግንዛቤ ያላቸው ወይም የሕግ እውቀት ያላቸው በጨፌ አፈ ጉባኤ የሚመረጡ ሁለት ሰዎች... አባላት፣

(መ) ሁለት ዳኞች... አባላት፣

(ሠ) አንድ የጉባኤ ተሿሚ ... አባል፣

፪) የጉባኤው ጽ/ቤት ተጠሪ ድምጽ የሌለው የጠቅላይ ጉባኤ ፀሐፊ ሆኖ ይሠራል፡፡

፯. <u>የአባልነት መስፈርት እና የጠቅላላ ጉባኤ አባላት ከዳኞች እና ከጉባኤው ተሿሚ የሚመረጡበት ሁኔታ</u>

፩) የጠቅላይ ጉባኤው አባል የሚሆን ሰው ከፍተኛ ስነ ምግባር እና ችሎታ ያለው እንዲሁም የፍርድ ቤት አስተዳደርን በተመለከተ በቂ ልምድ እና ግንዛቤ ያለው መሆን አለበት፡፡

፪) ከላይ በተቀመጠው መስፈርት የጠቅላይ ፍ/ቤት ፕሬዚዳንት ከዳኞች መካከል አራት፣ ከጉባኤው ተሿሚዎች ሁለት እጩዎችን መርጦ ለዳኞችና ለጉባኤ ተሿሚዎች ሰብሰባ ያቀርባል፡፡

፫) ጉባኤውም ከቀረቡት ዕጩዎች መካከል ሁለት ዳኞችን እና አንድ የጉባኤ ተሿሚ በአብላጫ ድምፅ ይመርጣል፡፡

(b) Regional Adjudicatory Team and Regional Inspection Team,

(c) Zonal Adjudicatory Team and Zonal Inspection Team, and

(d) Secretariat of the Commission.

**PART THREE**

**<u>Regional Commission, Regional Commission's Adjudicatory Team, Regional Inspection Team and Secretariat of the Commission</u>**

**A. <u>REGIONAL COMMISSION</u>**

**6. <u>Members of the Supreme Commission</u>**

1) The Supreme Commission shall have the following members:-

(a) President of the Supreme Court………………… chairman;

(b) Vice President of the Supreme Court………… deputy chairman,

(c) From among members of the 'Caffee' those having awareness about the business of the judiciary or knowledge of law as appointed by the Speaker of 'Caffee'… two members,

(d) Two judges….…… members, and,

(e) One Appointee of the Commission ... member.

2) The head of the Secretariat of the Commission shall serve as secretary of the Regional Commission without having vote.

**7. <u>Criteria for Membership and Procedure for Selection of Members of Supreme Commission From Among Judges and Appointees of the Commission</u>**

1) Any person shall become member of the Regional Commission where he has got proven integrity or high moral character and competence as well as possess requisite experience and knowledge with respect to administration of courts.

2) Based on the criteria indicated here-in-above the President of the Supreme Court shall select 4 candidates from among judges and two candidates from among Appointees of the Commission and forward this proposal for approval to the Conference of Judges and Appointees of the Commission.

3) This Conference of Judges and Appointees of the Commission shall elect two judges and one Appointee of the Commission for representation in the Regional Commission by majority vote.

8. **Aangoofi Hojii Gumii Waliigalaa**

Gumiin Waliigalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bu'uura dambii jiruutiin walitti qabaa gumiitiin kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa namoota abbaa seeraa ta'uuf gahumsa qaban ni fila;
2) Abbootii seeraa kanneen muudamni isaanii Caffeedhaan mirkanaa'e ni ramada;
3) Hanga Caffeedhaan muudamanitti, kaadhimamaa abbaa seeraa ta'anii ogeessota filataman hojii seeraarratti ramadee ni hojjachiisa;
4) Muudamtoota Gumii ni muuda; ni to'ata; haala seeraafi sirna jiruutiin hojiirraa ni gaggeessa;
5) Bu'uura dambii madaallii rawwannaa hojiitiin abbootii seeraafi muudamtoota Gumii hanqina dandeettii cimaa argisiisan, kan gahumsa dhabaniifi akkasumas, sababa dhibeetiin hojii abbaa seerummaa gaggeessuu hin dandeenye hojiirraa ni gaggeessa;
6) Madaallii raawwii hojiifi naamuusa abbootii seeraafi muudamtoota Gumii, sirna simannaa iyyannoofi qorannoo dhimma naamusaa, sirna walgahiifi adeemsa hojii Gumii Naannoofi Garee Gumii, naamusa miseensota Gumii, Garee Gumiifi Garee Inispeekshini ilaalchisiee dambiifi qajeelfama ni baasa; raawwannaa isaas ni hordofa;
7) Fo'annoofi filannoo, muudama, mirga addaa, ramaddii, mindaa, durgoo, yaalaafi inshuuraansii, sadarkaa guddinaa, leenjiifi barnoota, ayyamaafi boqonnaa, jijjiirraa, gaggeeffamaafi faayidaalee biroo abbootii seeraafi muudamtoota gumii ilaalchisee dambiifi qajeelfama ni baasa;
8) Durgoo miseensota Gumii Waliigalaa ilaalchisee qajeelfama ni baasa;
9) Dabalata mindaafi faayidaalee adda addaa, akkasumas guddina abbootii seeraafi muudamtoota Gumii ni murteessa;

፰. <u>የጠቅላይ ጉባኤ ሥልጣንና ተግባር</u>

ጠቅላይ ጉባኤው ከዚህ በታች የተዘረዘሩ ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡፡

፩) ባለው ደንብ መሠረት በጉባኤው ሰብሣቢ ከቀረቡለት ዕጩዎች መካከል ዳኛ ለመሆን ብቃት ያላቸውን ይመርጣል፡፡
፪) ሹመታቸው በጨፌ የጸደቀላቸውን ዳኞች ይመድባል፡፡
፫) ሹመታቸው በጨፌ እስኪጸድቅ ድረስ ዕጩ ዳኞች ሆነው የተመረጡትን በሕግ ሥራ ላይ መድቦ ያሠራል፡፡
፬) የጉባኤ ተሿሚዎችን ይሾማል፤ ይቆጣጠራል፤ ባለው ሕግ እና ሥርዓት ከሥራ ያሰናብታል፡፡
፭) በሥራ አፈፃፀም ምዘና ደንብ መሠረት ከባድ የችሎታ ማነስ ያሳዩትን፣ በሕመም ምክንያት ሥራቸውን ማከናወን የማይችሉትን ዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎችን ከሥራ ያሰናብታል፡፡
፮) የዳኞችና የጉባኤ ተሿሚዎች የሥራ አፈፃፀም እና የሥነ ምግባር መመዘኛ፣ የአቤቱታ አቀባበል እና የሥነ ምግባር የምርመራ ስርዓት፣ የክልል ጉባኤ እና ቡድን የስብሰባና የሥራ ሂደት ስነ ስርዓት፣ የጉባኤ፣ የጉባኤ ቡድን እና የኢንስፔክሽን ቡድን አባላት ሥነምግባርን በሚመለከት ደንብና መመሪያ ያወጣል፡፡
፯) የዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎች አመላመልና አመራረጥ፣ አሿሿም፣ ልዩ መብት፣ ምደባ፣ ደመወዝ፣ አበል፣ ሕክምና እና እንሹራንስ፣ የደረጃ ዕድገት፣ ስልጠና እና ትምህርት፣ ፈቃድ እና እረፍት፣ ዝውውር፣ ስንብት እና ሌሎች ጥቅማጥቅሞችን በተመለከተ ደንብ እና መመሪያ ያወጣል፡፡
፰) የጠቅላይ ጉባኤው አባላትን አበል በተመለከተ መመሪያ ያወጣል፡፡
፱) የዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎችን የደመወዝ ጭማሪ እና የተለያዩ ጥቅማጥቅሞች እንዲሁም ዕድገት ይወስናል፡፡

8. **Powers and Duties of the Supreme Commission**

The Supreme Commission shall have the following powers and duties:-

1) Select those who meet the criteria to become judge from among candidates proposed by the chairman of the Commission for judgeship in accordance with the existing regulations;
2) Assign judges whose appointment is approved by the 'Caffee';
3) Assign and deploy candidate judges until they are appointed by the 'Caffee';
4) Appoint, regulate and dismiss Appointees of the Commission based on existing rules and regulations;
5) Terminate the tenure of those judges and Appointees of the Commission who demonstrate gross incompetence, inefficiency and unable to perform their judicial responsibilities on account of illness in accordance with the regulations on performance appraisal;
6) Issue regulations and directives on the performance appraisal and professional conduct of judges and Appointees of the Commission, complaint handling and investigation of disciplinary matters, meeting protocol and working procedures of the Regional Commission and Adjudicatory Teams of the Commission and code of conduct for members of the Regional Commission, Adjudicatory Teams and Inspectorate Teams of the Commission, as well as follow up implementation of same;
7) Issue regulations and directives relating to recruitment and selection, appointment, immunity, assignment, salary, allowances, medical benefits and insurance, promotion, training and education, holiday and annual leave, transfer, dismissal and other benefits of judges and Appointees of the Commission;
8) Issue directives with respect to the allowances of members of the Supreme Commission;
9) Decide on matters relating to increment of salary and different benefit packages as well as promotion of judges and Appointees of the Commission;

10) Jijjiirraafi guddina abbootii seeraafi muudamtoota Gumii ni murteessa; akkasumas jijjiirraa ilaalchisee murtii Gareen Gumii Godinaa kennerratti komii dhiyaatu ilaalee qajeelfama barbaachisaa ni kenna;
11) Caasaafi gurmaayina Manneen Murtii Oromiyaa qoratee ni murteessa;
12) Murtii naamusaa Garee Gumiitiin kennaman ol'iyyannoodhaan ni ilaala; murtiin kunis isa dhumaa ta'a;
13) Sababa hir'ina naamusa cimaatiin abbaan seeraa hojiirraa akka geggeeffamu Garee Gumii Naannootiin yammuu murtaa'u murticha ilaalee ni raggaasisa; hanga Caffeedhaan mirkanaa'utti abbaa seerichaa hojiirraa dhorkuu ni danda'a.
14) Pireezidaantota Mana Murtii Ol'aanaafi Aanaa ni muuda;
15) Dhimma naamuusa miseensota Gumii, Garee Gumii, Pireezidaantota Godinaa, miseensota Garee Inispeekshinii ilaalee ni murteessa;
16) Haala raawwii qaamolee Gumii yeroodhaa yerootti ni gamaggama; qajeelfama barbaachisaas ni kenna;
17) Karoora tarsiimoo Manneen Murtii Naannichaa ni baasa; baajata, karooraafi gabaasa raawwii waggaa Manneen Murtii Naannichaa ilaalee ni raggaasisa;
18) Baajata bakka buufataa Mootummaa Federaalaatiin Manneen Murtii Naannichaatiif kennamu ni gaafata; ni raawwachiisa;
19) Naamusa Manneen Murtii Oromiyaa ol'aantummaadhaan ni to'ata; ni mirkaneessa.

## 9. Aangoofi Hojii Walitti Qabaa Gumii Waliigalaa

Walitti qabaan Gumii Waliigalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waajjira Gumichaa ol'aantummaadhaan ni qajeelcha, ni to'ata;
2) Walgahii Gumichaa ni waama, ni gaggeessa;



፲) የዞን ዳኞች እና የጉባኤው ተሿሚዎችን ዝውውር ይወስናል፤ እንዲሁም በዞን የጉባኤ ቡድን የተሰጠውን የዝውውር ውሣኔ አስመልክቶ የሚቀርብ አቤቱታ ተቀብሎ አስፈላጊ መመሪያ ይሰጣል።
፲፩) የኦሮሚያ ፍ/ቤቶችን መዋቅር እና አደረጃጀት አጥንቶ ይወስናል።
፲፪) በጉባኤው ቡድኖች የሚሰጡ የስነምግባር ውሣኔዎችን በይግባኝ ያያል፤ የሚሰጠው ውሣኔም የመጨረሻ ይሆናል።
፲፫) በከባድ የሥነምግባር ጥፋት ዳኛ ከሥራ እንዲሠናበት በክልሉ ጉባኤ ቡድን ሲወሰን ውሳኔውን ያጸድቃል፤ ለጨፌ ቀርቦ እስኪጸድቅም ዳኛውን ከሥራ ማገድ ይችላል።
፲፬) የዞንና የወረዳ ፍ/ቤት ፕሬዚዳንቶችን ይሾማል።
፲፭) የጉባኤው አባላትን፣ የጉባኤው ቡድን አባላትን፣ የዞን ፕሬዚዳንቶችን እና የኢንስፔክሽን ቡድን አባላትን ሥነ ምግባር አይቶ ይወስናል።
፲፮) የጉባኤው አካላትን የስራ አፈጻጸም በየወቅቱ ይገመግማል፤ አስፈላጊውን መመሪያ ይሰጣል።
፲፯) የክልሉ ፍ/ቤቶችን እስትራቴጂክ ዕቅድ ያወጣል፤ የክልሉ ፍ/ቤቶችን በጀት፣ ዕቅድና የዓመት የሥራ ሪፖርት አይቶ ያጸድቃል።
፲፰) ፌዴራል መንግሥት ለክልሉ ፍ/ቤቶች የሚሰጥ የድጎማ በጀት ይጠይቃል፤ ያስፈጽማል።
፲፱) የኦሮሚያ ፍ/ቤቶችን ሥነ ምግባር በበላይነት ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል።

## ፱. የጠቅላይ ጉባኤ ሰብሳቢ ሥልጣን እና ተግባር

የጠቅላይ ጉባኤ ሰብሳቢ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።

፩) የጉባኤውን ቢሮ በበላይነት ይመራል፣ ይቆጣጠራል።
፪) የጉባዔውን ስብሰባ ይጠራል፣ ያካሂዳል።



10) Determine issues pertaining to transfer and promotion of judges and Appointees of the Commission as well as issue recommendations as found necessary after investigating complaints on the decisions of Zonal Adjudicatory Teams with respect to transfer;
11) Determine the structure and organization of Oromia courts after conducting a study on it;
12) Review the decisions of Adjudicatory Teams of the Commission on disciplinary matters through appeal; its decision on the subject matter shall be final.
13) Approve the decision of the Regional Adjudicatory Team of the Commission to remove a judge from his office for grave disciplinary offenses and suspend from duty until the decision is finally approved by the 'Caffee';
14) Appoint High Court and District Court Presidents;
15) Determine disciplinary matters relating to members of the Supreme Commission, Adjudicatory Teams, High Court Presidents and members of the Inspection Teams;
16) Evaluate the performance of the different bodies of the Judicial Administration Commission periodically and issue recommendations as found necessary;
17) Issue strategic plan of the state judiciary as well as evaluate and approve the annual budget, plan and report of the courts of the region;
18) Request compensatory budget granted from Federal Courts for regional courts and follow up implementation of same; and
19) Regulate the conduct of Region's Courts Oromia Courts/Courts of Oromia and ensure its prevalence.

## 9. Powers and Duties of the Chairman of the Supreme Commission

The chairman of the Supreme Commission has the following powers and duties:-

1) Direct and supervise the Secretariat of the Commission;
2) Convene meetings of the Commission and preside over it;

3) Ibsa seenaa gabaabaa kaadhimamtoota abbootii seeraa bu'uura seeraafi dambii jiruutiin filatamanii dhiyaatan qopheessee Caffeef ni dhiyeessa;
4) Akkaataa dambii jiruutiin muudamtoota Gumii, Gumii Waliigalaatiif dhiyeessee ni muuchisa,
5) Caasaa manneen murtii qorachiisee yaada murtii Gumichaaf ni dhiyeessa, akka murtaayeen raawwii isaa ni hordofa;
6) Iyyata Garee Gumii, Garee Inispeekshinii fi miseensota isaanii irratti dhiyaatu ni qulqulleessa, furmaata barbaachisaas ni kenna;
7) Haala raawwii hojii qaamilee Gumii to'annoo fi hordoffii ni taasisa;
8) Dhimmoonni ariifachiisaan yoo uumaman hanga Gumiin walitti qabamutti abbootii seeraatii fi muudamtoota Gumii yeroof sadarkaa Manneen Murtii Waliigalaa yookiin Manneen Murtii ol'aanaa irratti ni ramada; yoo kana raawwatu dhimma isaa walgahii Gumii Waliigalaa itti aanuuf dhiyeessee murteessisuu qaba;
9) Kaka'umsa mataa isaatiin ykn odeeffannoo argate irraa ka'ee hanqina naamusaa Manneen Murtii Oromiyaa keessatti mudatan akka qorataman Gumii Waliigalaa gaafachuu ni danda'a;
10) Yaa'ii qaamilee Gumii ni waama, ni gaggeessa;
11) Iyyannoowwan naamusaa itti-gaafatamaan Garee Inispeekshinii Naannoo hin gaafachiisu jedhee cufe irratti qajeelfama barbaachisaa ni kenna;
12) Hojiiwwan Gumichaan kennamaniif kanneen biroos ni raawwata.

### B. Garee Gumii Naannoo

### 10. Miseensota Garee Gumii Naannoo

1) Gareen Gumii Naannoo miseensota armaan gadii of keessaa ni qabaata:-
   (a) Abbootii seeraa Mana Murtii Waliigala lama ............. miseensa;
   (b) Miseensa Mana Murtii Waliigalaa kan ta'e muudamaa Gumii tokko...... miseensaafi barreessaa,
2) Yeroo dhimmi naamusa hojjattoota deeggersaa ilaalamu kan moggaafaman hojjattoota deeggersaa Mana Murtii Waliigalaa lama ... miseensa,



፫) ባለው ሕግ አሠራር እና ደንብ መሠረት ተመርጠው የቀረቡ ዕጩ ዳኞችን አጭር የሕይወት መግለጫ አዘጋጅቶ ለጨፌ ያቀርባል፡፡
፬) ባለው ደንብ መሠረት የጉባዔ ተሿሚዎችን ለጠቅላይ ጉባኤ አቅርቦ ያሾማል፡፡
፭) የፍ/ቤቶችን መዋቅር አስጠንቶ የውሳኔ ሐሳብ ለጠቅላይ ጉባኤ ያቀርባል፤ ሲጸድቅ አፈጻጸሙን ይከታተላል፡፡
፮) በጉባኤ ቡድን፣ በኢንስፔክሽን ቡድን እና በአባላቶቻቸው ላይ የሚቀርቡ አቤቱታዎችን ያጣራል፤ አስፈላጊ የሆኑ መፍትሔዎችን ይሰጣል፡፡
፯) የጉባኤ አካላትን የስራ አፈጻጸም ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል፡፡
፰) አስቸኳይ ጉዳዮች ሲያጋጥሙ ጉባኤው እስኪሰበሰብ ድረስ የዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎችን በጊዜያዊነት በጠቅላይ ፍ/ቤት ወይም በከፍተኛ ፍ/ቤት ይመድባል፤ ይህንን ሲያደርግ በቀጣዩ የጠቅላይ ጉባኤ ስብሰባ ማስወሰን አለበት፡፡
፱) በራስ ተነሣሽነት ወይም ካገኘው መረጃ በመነሳት በኦሮሚያ ፍርድ ቤቶች ውስጥ የተከሰቱ የስነምግባር ጉድለቶች እንዲመረመሩ ጠቅላይ ጉባኤውን መጠየቅ ይችላል፤
፲) የጉባኤ አካላትን ስብሰባ ይጠራል፤ ይመራል፡፡
፲፩) የክልል ኢንስፔክሽን ተጠሪ አያስጠይቅም ብሎ የዘጋቸው የሥነ ምግባር አቤቱታዎች ላይ አስፈላጊ መመሪያ ይሰጣል፡፡
፲፪) ከጉባኤው የተሰጡትን ሌሎች ሥራዎችን ያከናውናል፡፡

### ለ. የክልል ጉባኤ ቡድን

### ፲. የክልል ጉባኤ ቡድን አባላት

፩) የክልል ጉባኤ ቡድን ከዚህ በታች የተዘረዘሩ አባላት ይኖሩታል፡፡
   (ሀ) የጠቅላይ ፍ/ቤት ሁለት ዳኞች ... አባል
   (ለ) የጠቅላይ ፍ/ቤት አባል የሆነ አንድ የጉባኤ ተሿሚ ... አባል እና ጸሐፊ
፪) የድጋፍ ሰጪ ሠራተኞች የሥነ-ምግባር ጉዳይ ሲታይ የሚሰየሙ ሁለት የጠቅላይ ፍ/ቤቱ ሠራተኞች .................... አባል



3) Prepare and Present the profile of candidate judges to the Caffee in accordance with the existing law and regulations;
4) Propose and Present appointees to for the supreme Commission in accordance with the existing regulations and appoint same,
5) Cause to be studied the organizational structure of courts and forward with recommendations for approval to the Supreme Commission and follow up its implementation up on approval;
6) Review complaints made against Adjudicatory Teams, Inspection Teams and their members and give solutions as found to be necessary;
7) Follow up and evaluate the performance of the different bodies of the Judicial Administration Commission;
8) Assign judges or appointees of the Commission temporarily at the Supreme Court or at the High Courts when exigent situations that require same take place until the Supreme Commission is convened; when such decision is made, he shall put it on the agenda for discussion by the members of the Supreme Commission in the immediate forthcoming meeting;
9) Request the Supreme Commission to investigate disciplinary issues on his own motion or through information obtained from other sources when there is a reasonable belief that there are an all pervasive ethical misconduct within the Courts;
10) Convene meetings of different bodies of the Judicial Administration Commission and preside over it;
11) Give directives on ethical complaints alleging misconduct dismissed by the head of the Regional Inspection Team as frivolous; and
12) Perform other similar duties assigned to by the Supreme Commission.

### B. REGIONAL ADJUDICATORY TEAM

### 10. Members of the Regional Adjudicatory Team

1) The Regional Adjudicatory Team shall comprise the following members:
   (a) Two Supreme Court judges ... members,
   (b) One Appointee of the Commission from the Supreme Court level .... member & secretary.
2) Two supportive staffs represented from the Supreme Court temporarily when disciplinary matters pertaining to administrative staff of the courts are issue ...................................... members,

3) Pireezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa walitti qabaa Garichaa miseensota Garee keessaa ni ramada.

**11. Akkaataa Filannoo Miseensota Garee Gumii Naannoo**

1) Akkaataa ulaagaa Keewwata 6(1) jalatti ibsameetiin Pireezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa abbootii seeraa Mana Murtii Waliigalaa keessaa kaadhimamtoota afur filee walgahii abbootii seeraa Mana Murtii Waliigalaatiif ni dhiyeessa;
2) Walgahiin kun kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa nama lama ni fiiata;
3) Muudamtoota Gumii Mana Murtii Waliigalaa keessaa Pireezidaantiin nama ulaagaa kaa'ame guutu tokko filee ni ramada;
4) Dhimmi naamusaa hojjattoota deeggarsaa yammuu ilaalamu namoonni dabalataan miseensa ta'an walgahii hojjattoota deeggarsaa Mana Murtii Waliigalaatiin sagalee caalmaadhaan ni filatamu.

**12. Aangoofi Hojii Garee Gumii Naannoo**

Gareen Gumii Naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:-

1) Hir'ina naamusaa salphaa abbootii seeraa fi muudamtoota Gumii kan Mana Murtii Waliigalaa ilaalee ni murteessa;
2) Dhimmoota naamusaa ciccimoo Manneen Murtii Oromiyaa keesssatti mudatan ilaalee ni murteessa;
3) Murtii Itti-Gaafatamaa Garee Inispeekshinii Mana Murtii Waliigalaa kenne irratti ol'iyyannoo dhagahee murtii dhumaa ni kenna;
4) Dhimma naamusa hojjattoota deeggersaa Mana Murtii Waliigalaa akkaataa Seera Bulchiinsa Hojjattoota Mootummaa Naannichaatiin ilaalee ni murteessa.

**13. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Garee Gumii Naannoo**

Walitti qabaan garee gumii naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:-

1) Ajandaa walgahii ni qopheessa, walgahii Garee Gumii ni waama, ni gaggeessa;
2) Hojii Garee Gumii ni qindeessa;

፫) የጠቅላይ ፍ/ቤቱ ፕሬዚዳንት ከቡድኑ አባላት መካከል የቡድን ሰብሳቢ ይመድባል::

**፲፩. የክልል ጉባኤ ቡድን አባላት አመራረጥ**

፩) በአንቀጽ ፮ (፩) ሥር በተቀመጠው መስፈርት የጠ/ፍ/ቤቱ ፕሬዚዳንት ከጠቅላይ ፍ/ቤት ዳኞች መካከል አራት ዕጩዎችን መርጦ ለጠቅላይ ፍ/ቤት ዳኞች ስብሰባ ያቀርባል::
፪) ጉባኤው ከቀረቡት ዕጩዎች መካከል ሁለቱን ይመርጣል::
፫) ፕሬዚዳንቱ ከጠቅላይ ፍ/ቤት የጉባኤ ተሿሚዎች መካከል የተቀመጠውን መስፈርት የሚያሟላ አንድ ሰው መርጦ ይመድባል::
፬) የድጋፍ ሰጪ ሠራተኞች የሥነ-ምግባር ጉዳይ በሚታይበት ጊዜ በተጨማሪ አባል የሚሆኑት በጠቅላይ ፍ/ቤቱ ሠራተኞች ስብሰባ አብላጫ ድምጽ ይመረጣሉ::

**፲፪. የክልል ጉባኤ ቡድን ስልጣን እና ተግባር**

የክልል ጉባኤ ቡድን ከዚህ በታች የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል::

፩) የጠቅላይ ፍ/ቤት ዳኞች እና የጉባኤ ተሿሚዎችን ቀላል የሥነ-ምግባር ጉዳይ አይቶ ይወስናል::
፪) በኦሮሚያ ፍ/ቤቶች የሚያጋጥሙ ከባድ የሥነ-ምግባር ጉዳዮችን አይቶ ይወስናል::
፫) የጠቅላይ ፍ/ቤት የኢንስፔክሽን ቡድን ተጠሪ የሰጠውን ውሣኔ ይግባኝ በመስማት የመጨረሻ ውሣኔ ይሰጣል::
፬) የጠቅላይ ፍ/ቤት ድጋፍ ሰጪ ሠራተኞችን የሥነ-ምግባር ጉዳይ በክልሉ የመንግሥት ሠራተኞች አስተዳደር ሕግ መሠረት አይቶ ይወስናል::

**፲፫. የክልል ጉባኤ ቡድን ሰብሳቢ ሥልጣን እና ተግባር**

የክልል ጉባኤ ቡድን ሰብሳቢ የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል::

፩) የስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል፤ የጉባኤውን ቡድን ስብሰባ ይጠራል፤ ይመራል::
፪) የጉባኤ ቡድኑን ሥራ ያቀናጃል::

3) The President of the Supreme Court shall assign the chairperson of the Adjudicatory Team from among the members of the team.

**11. Selection of Members of the Regional Adjudicatory Team**

1) In accordance Article 6 sub- Article 1 the President of the Supreme Court shall recruit four judges from among the judges at the Supreme Court and shall propose them for consideration to be members of the Adjudicatory Team to the plenum of the Supreme Court judges.
2) The plenum of the Supreme Court judges shall elect two from among those proposed for consideration.
3) The President shall assign one person as member of the Adjudicatory Team from among the appointees of the Council at the Supreme Court level based on the criteria established for this purpose.
4) The court supportive staffs assigned as members of the Adjudicatory Team shall be elected by the plenum of the Supreme Court administrative staff by majority vote whenever disciplinary issues pertaining to the administrative staff is involved.

**12. Powers and Duties of the Regional Adjudicatory Team**

The Regional Adjudicatory Team shall have the following powers and duties:-

1) Determine issues relating to simple disciplinary offenses committed by Judges and appointees of the Commission at the Supreme Court level;
2) Make decisions on issues relating grave disciplinary offenses committed by the judicial community in the region's courts;
3) Review the decision of the head Regional Inspectorate Team whenever appeal is made to it on such decision and shall given the final decision;
4) Determine disciplinary issues relating to breach of disciplinary duties by the supportive staff of the Supreme Court in accordance with the pertinent civil service law.

**13. Powers and Duties of the Chairperson of the Regional Adjudicatory Team**

The chairperson of the Regional Adjudicatory Team shall have the following powers and duties:-

1) Prepare agenda of the meeting, convene the team's meeting and preside over it.
2) Coordinate the activities of the Adjudicatory Team;

3) Galmee fi sanadoonni Garee Gumii sirnaan qabamuu isaanii ni mirkanneessa;
4) Gabaasa hojii Garee Gumii ni qopheessa, Gumii Waliigalaatiif ni gabaasa;
5) Hojiiwwan biroo Gumii Waliigalaatiin kennamaniif ni raawwata.

C. **Garee Inispeekshinii Naannoo**

14. **Gurmaawina Garee Inispeekshinii Naannoo**

Gareen Inispeekshinii Naannoo itti-gaafatamaa, inispeektarootaa fi hojjattoota deeggarsaa hojii isaa galmaan gahuuf isa barbaachisan ni qabaata.

15. **Aangoofi Gahee Hojii Garee Inispeekshinii Naannoo**

Gareen Inispeekshinii naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Iyyannoo fi komii kenniinsa tajaajilaa Manneen Murtii Oromiyaa irratti dhiyaatan ni simata;
2) Iyyannoo dhiyaate irraa hanqinni naamusaa raawwatamuu isaa wanti agarsiisu jiraachuu isaa yoo amane dhimmicha ilaalchisee qorannoo ni geggeessa;
3) Bu'aa qorannoo gaggeeffame irraa wanti himachiisu jira jedhee yoo amane himannoo ni dhiyeessa, falmii ni gaggeessa, ol'iyyannoo ni fudhata;
4) Iyyannoo dhiyaate irraa yookiin qorannoo gaggeesse irraa wanti himachiisu hin jiru jedhee yoo amane galmicha cufee kanuma walitti-qabaa Gumii Waliigalaatiif ni gabaasa;
5) Rakkoowwan naamusaatiif dhimmoota madda ta'an qoratee kallattiiwwan furmaataa Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa;
6) Hawaasa mana murtii hanqina naamusaa baachuu hin dandeenye uumuuf sagantaawwan hubannoo cimsan ni qopheessa, ni raawwachiisa;
7) Dhimmoota naamusaa ciccimoo Manneen Murtii Oromiyaa keessatti mudatan ni qorata, himannoo ni dhiyeessa;
8) Sakatta'iinsa waliigalaa raawwannaa hojii abbaa seerumma Manneen Murtii Oromiyaa yeroodhaa yerootti ni gaggeessa, rakkoowwan jiraniifis yaada furmaata yaa'ii qaamilee Gumiitti ni dhiyeessa;

፫) የጉባኤ ቡድኑን መዛግብት እና ሰነዶች በሥርዓት መያዛቸውን ያረጋግጣል::
፬) የጉባኤ ቡድኑን የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ያዘጋጃል፣ ለጠቅላይ ጉባኤ ያቀርባል::
፭) በጠቅላይ ጉባኤ የተሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል::

ሐ. **የክልል ኢንስፔክሽን ቡድን**

፲፬. **የክልል እንስፔክሽን ቡድን አደረጃጀት**

የክልል የኢንስፔክሽን ቡድን ተጠሪ፣ ኢንስፔክተሮች እና ሌሎች ስራውን ለማከናወን የሚያስፈልጉ ድጋፍ ሠጪ ሠራተኞች ይኖሩታል::

፲፭. **የክልል ኢንስፔክሽን ቡድን ስልጣን እና ተግባር**

የክልል ኢንስፔክሽን ቡድን የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል::

፩) የኦሮሚያ ፍ/ቤቶች በሚሰጡት የዳኝነት አገልግሎት ላይ የሚቀርቡ አቤቱታዎች እና ቅሬታዎችን ያስተናግዳል::
፪) በቀረበው አቤቱታ የሥነ ምግባር ጉድለት መፈፀሙን የሚያሳይ ነገር መኖሩን ካመነ ጉዳዩን አስመልክቶ ምርመራ ያካሂዳል::
፫) በምርመራው ውጤት የሚያስከስስ ነገር ይኖራል ብሎ ካመነ ክስ ያቀርባል፣ ይከራከራል፣ ይግባኝ ይወስዳል::
